# Qophii Beellama Dhageettii Daa’ima Keessanii

Sagantaa Qorannaa Daa’imman Haaraa Minesootaa

Beellama dhageettii beellama daa’ima keessanii

Guyyaa (JJ/GG/BBBB): ____________

Yeroo (AM/PM): ____________

Maqaa Kilinikaa: ____________

Lakkoofsa Bilbila Kilinikaa: ____________

## Ogeessi dhageettii maali?

Ogeessi dhageettii ogeessa fayyaa leenjii qorannoo fi to’annoo dhibee fayyaa daa’imman reefuu dhalatan, ijoollee fi ga’eessotaa qorachuun wal’aanudha. Namoonni rakkoo dhageettii qaban tokko tokko sagaleewwan muraasa dhagahuu danda’u kanneen hafan garuu hoomayyuu hin dhagahan. Rakkoolee addaa kutaa/lee gurraa mudatan irratti hundaa’uun gosoota dhageettii dhabuu hedduutu jiru. Karoora hordoffii fi to’annoo dhageettii dhabuu sirrii qabaachuuf qorannaan guutuun gosaa fi ulfaatina rakkicha ogeessa dhageettii daa’innamiin taasifamu barbaachisaadha.

## Daa’imni koo ogeessa dhageettii bira deemuun maaliif barbaachise?

Qorannaan dhageettii daa’imni keessan battala dhalootaa/ dhalootaan booda yeroo xiqqoo gidduutti taasise/ste qorannaa calalliiti. Daa’imni qorumsa sana hin taru taanaan, ogeessa dhageettiin qorannoon dabalataa akka isaaniif barbaachisu nu hubachiisa. Daa’imni keessan sagaleewwan dubbiif barbaachisoo akkasumas guddina afaaniif murteessoo ta’an hunda dhagahuu fi dhagahuu dhabuu adda baasuuf qorannoon guutuun ogeessa dhageettiin godhamu karaa filannoo hin qabnedha.

## Beellamichi yeroo hangam fudhata?

Beellamni sa’a 1-3 fudhachuu danda’a. Yeroo tokko tokko qorannaa dhageettii beellama tokkoon xumuruun ni ulfaata. Beellamni lammaffaan yoo barbaachise, hanga danda’ametti dafee beellamama.

## Beellama daa’ima koo irratti maal qabadheen dhihaadha?

- Kaardii inshuraansii kee
- Yoo barbaachiseef riferaala
- Tarree qorichawwan yeroo ammaa
- Qorannaa/wwan dhageettii kana duraa
- Balballoomii waa’ee seena dhageettii dhabuu maatii kootii
- Maqaalee/teessoowwan namoota gabaasni kun itti ergamu

## Beellama dura maaltu ana barbaachisa?

Qorumsichi yeroo daa’imni keessan rafu caalaatti salphata. Yeroo qorumsaatti daa’imni keessan rafuu mirkaneessuuf:

- Yeroo gara kilinikaa dhuftan ykn beellama dura daa’imni keessan akka hin rafne taasisaa.
- Beellama dura daa’ima keessan sooruu irraa of qusadhaa. Kilinikatti osoo beellamni hin eegaliin sooruu dandeessu.



## Yeroo beellama dhageettiitti maaltu raawwata?

Ogeessi dhageettii odeeffannoo waa'ee seenaa fayyaa daa'ima keessanii, waa'ee ulfa/ciniinsuu/da'umsa daa'ima kanaa, akkasumas seenaa maatii walitti qabata.

Yeroo daa'imni rafutti, ogeessi dhageettii gurra daa'ima keessanii ilaaluun raawwii dhageettii ni madaala. Gosti qorannichaa kanneen armaan gadii dabalata:

- Duub-deebii Dhageettii Sammuu (ABR) – duub-deebii sammuun daa'imaa sagaleef kennu safaruuf jecha seensariin adda daa'ima keessanii irra ni kaa'ama. Sagaleewwan qorumsaa gara gurraa geessuuf geessituun sagalee (iirfooniin) gurra daa'imaa keessa ni godhama. Daa'imni keessan ofiif sagalee sanatti deebii hin kennu, garuu seensariin sun deebii daa'imni keessan sagaleewwan adda addaaf kennu ni safara. Kun immoo dhibeen dhageettii jiraachuu fi dhiisuu adda baasuuf gargaara. Dhibeen dhageettii yoo jiraate, dhibee dhageettii kam akka ta'e adda baasuun odeeffannoo kenna.
- Awuutookoostik Emiishin (OAE) – Owwaattuu ykn go'a yeroo gurri sirriitti dalagu jiraatu safaruudhaaf jecha ispoonjiin laafaa ta'e gurra lamaan irra kaayamuun sagaleewwan lallaafoo geessa. Bu'aa qorannoo sirrii ta'e argamsiisuuf jecha qorannoon kun yeroo baay'ee qorannoowwan biroo faana qindoominaan kennama.
- Tiimpaanoomeetirii – Sochiiwwan dibbee gurraa safaruuf jecha ispoonjii lallaafaan lama gurra lamaan irra ni godhama. Qorannaan kun, qorannoowwan biroo faana yoo qindoomu, waa'ee madda  dhibee dhageettii sanaa odeeffannoo kenna.

## Daa'ima kiyyatti dhukkubbiin ni dhagahamaa?

Yeroo qorumsa kanaatti daa'ima keessan dhukkubbiin mudatu tokkoyyuu hin jiru. Seensarii fi ispoonjii lallaafaa irra godhuun daa'ima keessan hin dhukkubsu. Daa'imman tokko tokko yeroo meeshaaleen qorannaa irra godhamu rifachuu fi naasuun isaan mudachuu mala yeroo itti siquun itti maxxanu garuu ni tasgabbaa'u.



## Bu'aa qorannoo battalattin argadhaa?

Ogeessi dhageettii bu'aan yoo akka ba'uu fi enyu akka isniif kennu isinitti hima. Waa'ee bu'aa gaaffiin yoo jiraate, kilinika dhageettii qunnamuu qabdu.

## Yeroo qorannoo sanatti daa'imni koo yoo hin rafne hoo?

Akkuma daa'imni keessan xiqqaa ta'een, carraa daa'imni rafuu bal'aadha, Daa'imman xiqqoo guddataniif, yeroo qorannaaf barbaachisu guutummaa akka rafaniif jecha dookterri qoricha raffisu ajajuu danda'a. Carraa qoricha hirribaa kana hir'isuuf, hanga danda'ametti beellamicha ariitiin taasisuun barbaachisaadha.

## Waan haaraan uumamee, yoo beellama jijjiiruun ana irra jiraate hoo?

Daa'imni keessan ogeessa dhageettii arguun  baay'ee barbaachisaadha. Beellama qabame irratti argamuu yoo dadhabdan, maaloo battalumatti beellama dhageettii kana dafaa qabadhaa.